Journal of Universal Sciences and Technology,
Vol: 2 (2). P: 31-59, July 2023
Available online: http://just.dadu.edu.et
Research Article

Xiinxala Tooftaalee Tuutjecha Barsiisuu Kitaabota Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 5-8

Taasisaa Kumsaa[*1], Shimallis Maazengiyaa[2], Filee Jaallataa[3]
[1] Yuunivarsiitii Wallaggaa Dhaabbata Qo'annoo Afaaniifi Gaazexeessummaatti Kaadhimamaa PhD
E-mail: kumsatasisa@gmail.com
[2]Addis Ababa University College of Humanities, Language Studies, Journalism and Communication
[3]Addis Ababa University College of Humanities, Language Studies, Journalism and Communication

AXAREERA

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa tooftaalee tuutjecha barsiisuu kitaaba barattootaafi qajeelcha barsiistotaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 5-8 xiinxaluudha. Gaaffileen bu'uuraa qorannoo kanaas tooftaaleen tuutjecha barsiisuu kitaaba barattootaafi qajeecha barsiistotaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 5-8 keessatti dhiyaatan kanneen akkamiiti? Barsiistonni Afaan Oromoo tooftaalee tuutjecha barsiisuu kanneen hammam hojiirra oolchaa jiru? kanneen jedhamanidha. Saxaxi qorannoo kanaa saxaxa ibsaadha.Malli qorannoo walmakaan qorannicha geggeessuuf dhimma itti ba'ameera. Sababni isaas malli kun hubannoo fooyya'aa, gadi fageenyaafi bal'ina qabu argamsiisuu danda'a jedhamee waan amanameefidha. Maddi ragaalee qorannoo kanaas madda ragaa tokkoffaati. Kunis kitaaba barattootaafi qajeelcha barsiistotaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 5-8ti. Malli iddatteessuu qorannichaas mala kaayyeffataati. Toofaaleen ragaa funaanuuf dhimma itti ba'aman immoo xiinxala dookimantiifi daawwannaa dareeti. Ragaaleen funaanamanis mala ibsaafi lakkoofsaan xiinxalamaniiru. Argannoowwan qorannoo kanaas tooftaaleen tuutjecha barsiisuu kitaaba barattootaafi qajeelcha barsiistotaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 5-8 keessatti hammataman fayyadama jechaa (bakka galumsaatti gargaaramuu), hiika bakka galumsaa jechootaafi gaaleewwaniifi hiika hariiroo barsiisuu ta'uu adda ba'eera. Kun immoo tooftaaleen tuutjecha barsiisuu kitaabota kanneen keessatti dhiyaatan gosaan murtaa'oo ta'uu argisiisa. Akkasums, barsiistota Afaan Oromoo kutaa 5-8 barsiisan keessaa 12 iddatteeffamuun daawwatamanii 8 (%67) tooftaalee tuutjecha barsiisuu kanneen hojiirra oolchaa akka hinjirre hubatameera. Ragaan kun immoo barsiistonni harki caalaan tooftaalee tuutjecha barsiisuu kana hojiirra oolchaa akka hinjirre argisiisa. Kanaaf, rakkoo kana furuuf qaamni sirna barnootaa Afaan Oromoo qopheessu kitaabota afaanichaa garafuulduraatti qophaa'an keessatti tooftaalee tuutjecha barsiisuu garaa garaa hammachiisuufi manneen barnootaa sadrkaa 1ffaa kutaa 5-8 immoo barsiistota Afaan Oromoo rakkoo tooftaalee tuutjecha barsiisuu hojiirra oolchuu dadhabuu qaban adda baasuun waajjira barnootaa aanaa waliin ta'uun leenjii hubannoo isaanii cimsu kennuun barbaachisaadha.

Jechoota Ijoo: *Afaan Oromoo, tuutjecha, tooftaalee, qajeelcha kitaaba, barsiisuu*

How to cite: Taasisaa Kumsaa, Shimallis Maazengiyaa, Filee Jaallataa (2023). Xiinxala Tooftaalee Tuutjecha Barsiisuu Kitaabota Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 5-8. Journ. Univer Scien & Techn.Vol: 2 (2). P: 31-59.

SEENSA

Tuutjechi jecha Afaan Oromoo tuutaafi jecha jedhamanirraa uumame.Yaadni isaas tuuta yookiin walitti qabama jechoota afaan tokko keessatti argamaniiti. Yaada kana Akar (2010) akka ibsetti, tuutjechi waliigala jechoota afaan tokko keessa jiraniiti. Ibsa kanarraa kan hubatamu, tuutjechi jechoota afaan tokko keessatti argaman hunda kan hammatu ta'uu isaati.

Tuutjechi afaanitti fayyadamuu keessatti qaama baay'ee barbaachisaadha. Yaada kana Fromkin et al. (2011) akka barrreessanitti, tuutjecha malee yaada keenya afaaniin dabarfachuus ta'e, yaada nama hubachuu hindandeenyu. Akkasumas, yaada kana kan cimsu, Pan & Xu (2011) akka ibsanitti, tuutjechi bu'uura afaaniiti. Tuutjecha malee himni, barreeffamni, akkasumas, afaanillee hinjiru.Yaada hayyoota kanarraa kan hubatamu, tuutjechi qaama afaanitti gargaaramuu keessatti barbaachisaa ta'edha.

Haata'u malee, Nunan (1991) akka ibsetti, tuutjecha barsiisuun afaan barsiisuu keessatti baroota dheeraaf xiyyeeffannoo osoo hinargatiin ture. Fakkeenyaaf, dhiyaannaan jijjiirraa caaslugaa tuutjecha barsiisuuf hamma tokko yoo bakka kenneyyuu, dhiyaannaan dhageettii dubbii garuu seerluga barsiisuurratti fuulleffata. Akka amantaa dhiyaannaa dhageettii dubbiitti, barattoonni yoo qindoomina seerlugaa dursanii hubatan, boodarra tuutjecha baay'ee barsiisuun nidanda'ama. Kanarraa kan ka'e, baroota 1950moota hanga 1960mootaa yeroo malli dhageettii dubbii afaan barsiisuu keessatti bal'inaan dhimma itti ba'amaa turetti tuutjecha barsiisuun irraanfatamaa ture. Garuu, baroota 1970moota keessa sababa dhiibbaa mala afaan waliigaltee barsiisuu irraa kan ka'e tuutjecha barsiisuun hamma tokko foyya'insa agarsiisaa dhufe. Kunis, sababa dhiyaannaan afaan waliigaltee barsiisuu babal'ataa deemeefidha. Yeroo ammaa kanas, haalli tuutjecha barsiisuu fooyya'ee jira. Sababni isaas, fedhiin tuutjecha barsiisuufi barachuu dabalaa waan deemeef, akkasumas, faayidaa tuutjecha barsiisuufi barachuun qabu hubatamaa dhufeefidha (Richards & Renandya, 2002). Yaada hayyoota oliirraa akkuma hubatamu, tuutjechi afaan barsiisuu keessatti yeroo dheeraaf dagatamaa turuufi yeroo ammaa garuu sababoota adda addaa irraa kana ka'e hanga tokko fooyya'insa agarsiisaa kan jiru ta'uu isaati.

Garuu, har'allee sababni guddaan afeewwan dubbifamaniifi ibsa daree keessatti kennamu hubachuu dadhabuu barattootaa beekumsa tuutjecha barnootaa gadi aanaa ta'e qabaachuu isaaniiti (Choudaraju, 2017). Kun immoo haala isaan tuutjecha barnootaa afaanichaa ittiin barsiifaman irraa madduu mala. Yaada kanarraa kan hubatamu, sababni bu'uuraa barattoonni yeroo ammaa yaada dubbisaafi ibsa daree keessatti kennamu hubachuu dadhabuu beekumsa

tuutjechaa ga'aa ta'e dhabuu ta'uu danda'a. Jecha beekuunis garee isaa, hiikaafi itti fayyadama isaa beekuu ofkeessatti hammata (Warta, 2017). Beekumsa kana horachuuf immoo tooftaalee isaan tuutjecha ittiin barsiifaman ga'ee guddaa qaba. Tooftaaleen kunneen qajeelcha barsiistotaa barnoota Afaan Oromoo keessatti haala barbaadamuun hammatamuufi dhiisuu adda baasuuf immoo qorannoon irratti geggeeffamuun murteessaadha. Haata'u malee, amma qorataan kun sakatta'etti qorannoon dhimma tooftaalee tuutjecha barsiisuu qajeelcha barsiistotaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 5-8 irratti hanga yoonaatti geggeeffamuun rakkoon jiraachuufi dhiisuu adda baase hinjiru. Kanaaf, kaayyoowwan gooree qorannoo kanaa tooftaalee tuutjecha barsiisuu kitaaba barattootaa (KBAO) fi qajeelcha barsiistotaa (QBAO) barnoota Afaan Oromoo kutaalee 5-8 keessatti dhiyaatan addaa basuufi barsiistonni Afaan Oromoo tooftaalee tuutjecha barsiisuu kanneen hammam hojiirra oolchaa akka jiran ibsuudha.

Yaadrimee Tuutjechaa

Tuutjechi walitti qabama jechoota afaan tokkooti.Yaada kana Nunan (2003) akka barreessetti, tuutjechi walitti qabama jechoota afaan tokko keessatti argamaniiti.Innis jechoota qeenxee yookiin jechoota tokkoo olirraa ijaaramuu danda'a. Akkasumas, Akar (2010) yaadicha akka ibsetti, tuutjechi waliigala jechoota afaan tokko keessa jiraniiti. Gama biroon dhimma kana yommuu ifu, "Vocabulary is the total number of words in a language, or all the words known to a person or used in a particular book, subject etc" jedhu (Hornby & Crowther, 1995). Waraabbii kanarraa kan hubatamu, tuutjechi waliigala jechoota afaan tokko keessatti argamanii yookiin jechoota namni tokko beekuu yookiin kanneen gosa barnootaa murtaa'aa ta'e keessatti tajaajilan ta'uu isaati.

Yaadicha Alfaki (2015) gama isaan yoo ibsu, "Vocabulary can be defined as the words of a language, including single items and phrases or chunks of several words which convey a particular meaning, the way individual words do" jedha. Waraabbii kanarraa kan hubatamu, tuutjechi jechoota afaan tokkoo ta'ee kan jecha qeenxeefi gaalee yookiin jechoota hedduu irraa ijaaramuun hiika murtaa'aa ta'e qabudha. Gabaabumatti, tuutjechi waliigala jechoota afaan tokkoo yookiin gosa barnoota tokko keessatti argaman yookiin kan namni tokko beekuu ta'ee kanneen jechoota qeenxeefi gaalee yookiin jechoota hedduu irraa ijaaramuun hiika murtaa'aa ta'e qabanidha.

Tooftaalee Tuutjecha Barsiisuu

Tooftaaleen tuutjecha barsiisuu adda addaa akka jiran Akar (2010) ibseera. Kanneen keessaa warri gurguddaan tooftaa ilaaluu,

dhaggeeffachuufi dubbachuuti.Tooftaan ilaaluu wantoota ijaan mul'atan kanneen akka wantoota qabatamoo, fakkiiiwwan, suuraawwan, sochiilee qaamaa, gochaan argisiisuu, diyaagiraamiifi maappii gargaaramuun barsiisuudha. Tooftaan dhaggeeffachuu immoo sagalee wantootaafi bineeldotaa dhaggeeffachiisuun barsiisuudha. Gama biroon tooftaan dubbachuu jechoota dubbiin ibsaman barsiisuuf kan gargaarudha. Tooftaan dubbachuu kun yeroo baay'ee tuutjecha barsiisuu keessatti dhimma itti ba'ama. Kunis hiika kallattiifi alkallattii jechootaa, hiika faallaa jechootaa, adeemsa ijaarsa jechaa, garee jechootaa, bakka galumsaatti fayyadamuu, jechoota waliin deemaniifi kan kana fakkaatan barsiisuudha.

Yaada kana Atkins et al. (1996) akka barreessanitti, tuutjechi tooftaalee kanneen akka bakka galumsaatti fayyadamuu, hiika jechoota beekamoon walqabsiisuu, hariiroo jechoonni waliin qaban agarsiisuu, adeemsa ijaarsa jechaa, jechoota waliin deemaniifi kkfn barsiisuun nidanda'ama. Ibsi kun tooftaaleen dubbachuu tuutjecha barsiisuuf oolan bakka galumsaatti fayyadamuu, hiika jechoota beekamoon walqabsiisuu, hariiroo jechoonni waliin qaban argisiisuu, adeemsa ijaarsa jechaa, jechoota waliin deemaniifi kan kana fakkaatan akka ta'an mul'isa.

Tooftaan bakka galumsaatti fayyadamuun barsiisuu tooftaalee tuutjecha barsiisuu keessaa isa tokkodha (Akar, 2010). Tooftaan kun tuutjecha haaraa bakka galumsa dubbiifi barreeffamaa sirrii ta'e keessatti barsiisuufi shaakalsiisuudha. Kun immoo barattoonni tuutjecha haaraa baratan muuxannoo isaanii wajjin akka walqabsiisaniifi hiika tuutjecha baratanii hubataniif isaan gargaara (Grygel, 1994; Atkins et al., 1996; Akar, 2010). Tuutjecha bakka galumsaatti barsiisuufi barachuun akka barattoonni ofii isaaniin barataniif baay'ee isaan gargaara (Harmer, 2007). Ibsi kun tuutjecha haaraa addatti barsiisuurra bakka galumsaatti barsiisuun bu'a qabeessa ta'uu argisiisa. Sababni isaas barattoonni hiika tuutjecha baratan sanaa muuxannoo isaaniin walqabsiisuun akka hubatan isaan taasisa waan ta'eefidha. Akkasumas, jechi tokko galumsa garaa garaa keessatti hiika adda addaa waan qabuuf, hiika jechichi galumsa garagaraa keessatti qabaachuu danda'u hubachiisuufis isaan gargaara.

Inni lammaffaan immoo hiika tuutjecha haaraa kan barattoonni duraan beekaniin walqabsiisuun barsiisuudha (Atkins et al., 1996). Tooftaan kanaan tuutjecha qindeessanii barsiisuun barattoonni tuutjecha haaraa baratan sanatti akka fayyadaman jajjabeessuuf gargaara. Ibsa kanarraa kan hubatamu, hiika tuutjecha haaraa muuxannoo barattootaan walqabsiisuun

barsiisuun murteessaa ta'uu isaati. Sababni isaas, tuutjecha haala kanaan barsiisuun barattoonni tuutjecha haaraa baratan sanatti akka fayyadaman onnachiisuuf tajaajila.

Tooftaa sadaffaan hiika hariiroo yookiin hiika walitti dhufeenyaa jechootaa agarsiisuun barsiisuudha. Kunis jechoonni hiika walfakkii, hiikaa faallaafi kkf qabaniin qindeessuun barsiisuudha.Walitti dhufeenya jechootaa agarsiisuun tuutjecha barsiisuun kunis karaalee gaggaarii tuutjecha barsiisuufi shaakalsiisuuf gargaaran keessaa tokkodha (Akar, 2010; Grygel, 1994; Atkins et al., 1996). Ibsa kanarraa kan hubatamu, hiika hariiroo tuutjechaa agarsiisuun barsiisuun tooftaalee bu'a qabeessa tuutjecha barsiisuufi shaakalsiisuuf gargaaran keessaa isa tokko ta'uu isaati. Innis walitti dhufeenya jechi tokko kanneen biroo wajjin qabu argisiisuun barsiisuudha.

Inni arfaffaan jechoota waliin deemaniin barsiisuudha.Jechoonni waliin deeman kanneen waliin tajaajilanidha.Jechoota kanneen barachuunis tuutjecha afaan tokkoo barachuu keessatti baay'ee barbaachisoodha (McCarthy & O'Dell, 2008). Yaada kana Choudaraju, (2017) akka ibsetti, beekumsi jechaa hiika jechaa addatti beekuu qofa miti.Jechoota jechi sun waliin deemu beekuus nihammata.Jechoonni waliin deeman kunneenis hiika jecha tokkoo kennuuf barattoota nigargaaru. Ibsa kanarraa kan hubatamu, tooftaan jechoota waliin deemaniin barsiisuu jechoota jechi tokko waaliin tajaajilu barsiisuudha. Kun immoo tuutjecha afaan tokkoo barachuuf murteessaadha.

Tooftaan adeemsa ijaarsa jechaan barsiisuun tooftaalee tuutjecha barsiisuu warra barbaachisoo ta'an keessaa isa tokkodha (Akar, 2010; Sadeghi et al., 2011). Yaada kana Atkins et al (1996) akka barreessanitti, tuutjecha barsiisuu keessatti karaa biroon bu'a qabeessa ta'e adeemsa ijaarsa jechaan barsiisuudha.Tooftaa kanaan tuutjecha barsiisuu keessaa inni tokko fufiilee beekamoo afaan tokko keessa jiran barsiisuudha.Fufiileen qaamota hundee, bu'uurhortee, bu'uuruumhoree yookiin dhamjecha ofdanda'aa irratti maxxanuun seerluga jechaa mul'isaniifi kanneen garee jechaa yookiin hiika jechaa jijjiiranidha. Isaanis fufiilee horteefi yaasaa jedhamuun bakka lamatti qoodamu.Yaadicha Addunyaa (2013) akka armaan gadiitti ibseera.

Fufiileen tajaajila isaaniirratti hundaa'uun bakka lamatti qoodamu.Isaanis fufiilee horteefi yaasaa jedhamu.Fufiilee horteen kanneen hundee jechaatti maxxanuun osoo hiika isaa hinjijjiiriin seerluga (hennaa, danooma, ramaddiifi kan kana fakkaatan) jechichaa mul'isanidha.Fufiileen yaasaa immoo kanneen hundee jechaatti maxxanuun garee yookiin hiika jechaa

jijjiiruu danda'anidha.Tooftaan kanaanis fufiilee beekamoo ta'an sadarkaa gadiirraa eegaluun barsiisuun nidanda'ama.

Ibsa hayyoota armaan oliirraa kan hubatamu, adeemsi ijaarsa jechaa tooftaalee tuutjecha barsiisuuf oolan keessaa isa tokkodha. Kunis akkaataa jechi tokko jechoota yookiin dhamjechoota walabaa adda addaarraafi fufiilee maxxanfachuun ijaaramu argisiisuun barsiisuudha.

Akka Gómez (2009) ibsutti, tooftaa adeemsa ijaarsa jechaan barsiisuu keessaa inni biroon karaa makoo barsiisuudha.Kunis, akkaataa jechoonni yookiin dhamjechoonni walabaa walitti makamuun jecha ijaaran agarsiisuun barsiisuudha. Hiikni jechoota makoo yeroo baay'ee hiika jechoota walitti makaman irratti waan hundaa'aniif hiika jechoota akkasii jechoota walitti makaman sanneen irraa tilmaamuun nidanda'ama. Garuu, hiikni jechoota akkanaa yeroo hundaa hiika jechoota walitti makaman sanarratti hundaa'uu dhiisuu danda'a. Fakkeenyaaf, hiika jechoota makoo jechamoota ta'anii kanneen jecha sana ijaaran irraa tilmaamuun rakkisaadha. Kanaaf, hiika jechoota akkasii baruuf bakka galumsaa isaafi aadaa hawaasa abbaa afaanichaa beekuu nama gaafata. Jechoota makoo knanas sadarkaa gadiitii kaasuun barsiisuun nidanda'ama. Yaada hayyoota oliirraa kan hubatamu, tooftaan adeemsa ijaarsa jechaan barsiisuun tooftaalee bu'a qabeeyyii tuutjecha barsiisuuf gargaaran keessaa isa tokko ta'uu isaati. Kunis karaa fufiilee beekamoo afaan tokkoofi makoo barsiisuudha.

Tooftaan biroon caasaa jechaa xiinxaluun barsiisuudha. Tooftaan kun caasaalee yookiin qaamolee jecha tokko ijaaran xiinxaluu barsiisuudha. Qaamoleen jechaa kunneenis hundee jechaafi dhamjechoota hirkatoo ofkeessatti qabatu. Qaamolee jechaa xiinxlaluu kun tooftaa jechi tokko maal jechuu akka ta'e hubachuuf hiika dhamjechoota yookiin qaamota jechi sun irraa ijaarame xiinxaluuti (Grygel, 1994; Daniel, 2006). Yaada kana kan cimsu, Yopp et al. (2009) akka barreessanitti, qaamoleen jecha ijaaran agarsiistuu hiika jechichaa waan ta'aniif, tuutjecha barsiisuu keessatti qaamolee hiika qabeeyyii jechicha ijaaran xiinxaluu barsiisuun barbaachisaadha. Kanaaf, qaamolee jechaafi haala itti fayyadama isaanii sagantaa barnoota tuutjechaa keessatti hammachiisuun barsiisuun baay'ee barbaachisaadha.

Yaada hayyoota armaan olitti dhiyaaterraa kan hubatamu, tuutjecha tooftaalee garaa garaatti dhimma ba'uun barsiisuun barbaachisaa ta'uu isaati. Sababni isaas, tooftaaleen kunneen beekumsa jechaa adda addaa barattoota gonfachiisuuf gargaaru waan ta'aniifidha.Kanaaf, tooftaalee kanneen beekumsa tuutjechaa barsiisuun

barbaadame irratti hundaa'uun walitti makuun itti gargaaramuun murteessaadha. Qorannoon kunis tooftaalee tuutjecha barsiisuu QBAOfi KBAO kutaa 5-8 keessatti hammataman xiinxaluu irratti fuulleffata.

Yaadxina Qorannichaa

Qorannoon kun yaadxinoota afaan barsiisuu keessatti shoora qaban keessaa yaadxina hubannoo, yaadxina aadaa hawaasaafi xiinqooqa sammuu bu'uureffachuun geggeeffameera. Yaadxinni hubannoo barataan waan haaraa baratu tokko muuxannoo duraan qabu waliin walqabsiisee akka hubatu ibsa (Scarino & Liddicoat, 2009; Harmer, 1991). Kana jechuunis wanti haaraan tokko kan baratamu danda'u yoo caasaalee beekumsaa barataan duraan qabuu wajjin walqabatedha. Kanaafuu, akka yaadxina kanaatti barachuun adeemsa muuxannoo barataan qabuufi waan haaraa baratamu waliin walqabsiisuu, yaada ibsame tokkoof hiika haaraa kennuu, beekumsa dagaagsuun odeeffannoo kuusuufi qindeessuun gamatti adeemsa hubannoofi to'annoo ofkeessaa qaba.Akkasumas, akka yaadxina kanaatti, barnoonni bakka galumsaarratti xiyyeeffachuu qaba. Ibsi kun yaadxinni hubannoo tuutjecha barsiisuu keessattis shoora kan qabu ta'uu mul'isa. Sababni isaas tooftaan muuxannoo barattootaan walqabsiisuu, bakka galumsaatti fayyadamuu, barattoonni jechoota barataniif hiika mataa ofii kennuufi itti gargaaramuu tooftaalee tuutjecha barsiisuu keessaa isaan tokko waan ta'aniifidha.

Yaadxinni aadaa hawaasaa beekumsi yeroo gochaaleen hawaasummaa raawwataman namoota dhimma tokko irratti beekumsa yookiin ga'umsa qaban biroo wajjin walitti dhufeenya uumuun akka argamu ibsa (Scarino & Liddicoat, 2009; Moody et al., 2018). Kana jechuunis namoonni beekumsa qaban beekumsaafi hubannoo hawaasummaafi haala galumsa isaa (aadaafi afaan) namoota biroo barsiisu. Ibsi kun beekumsi jireenya hawaasummaa keessatti namoota biroo dhimma tokko irratti hubannoo qaban waliin walitti dhufeenya uumuun kan argamu ta'uu argisiisa. Kanaaf, yaadxinni aadaa hawaasaa tuutjecha barsiisuu keessattis ga'ee mataa isaa qaba.Sababni isaas, tuutjechi walitti dhufeenya barattoonni barsiistota beekumsa tuutjechaa qaban waliin uumaniin baratama waan ta'eefidha.Barsiistonni beekumsa tuutjechaa qaban kunneenis tooftaalee tuutjecha barsiisuu adda addaatti gargaaramuun barsiisuu danda'u.

Yaadxinni xiinqooqa sammuutti dubbistoonni yaada afee tokkoo kallattii agarsiistuu afee sana keessatti hammatame qofarratti hundaa'uun haficha kan hinhubanneefi dabalataan yaada afee sanaa

tilmaamaa dubbisuun akka isaan irraa eegamu eera. Kana malees, barattoonni yaada dubbisichaa hubachuuf muuxannoo isaanii dandeettiifi tarsiimoo dubbisuu isaanii wajjin walqabsiisuu qabu. Kanaaf, yaadxinni kun ga'ee hirmaannaan baratootaa yaada afee tokko hubachuufi jechoota barachuu keessatti qabu mul'isa. Kunis barattoonni yommuu hiika walfakkiifi faallaa jechootaa, unkaalee jechootaa xiinxaluufi kan kana fakkaatan gaafatamaniifi ergaa afee tokkoo hubachuuf muuxannoo isaaniitti akka gargaaramuu qaban argisiisa (Moody et al., 2018). Ibsi kun yaadxinni kun tuutjecha barsiisuu keessatti qooda mataa isaa kan qabu ta'uu argisiisa. Sababni isaas hiika walitti dhufeenya tuutjechaa (hiika walfakkii, hiika faallaa tuutjechaafi kan kana fakkaatan mul'isuufi caasaalee tuutjechaa xiinxaluun toofttaalee tuutjecha barsiisuu keessaa isaan tokkodha.

Gabaabumatti, yaadxinni hubannoo, aadaa hawaasaafi xiinqooqa sammuu tuutjecha barsiisuu keessatti shoora mataa isaanii qabu.Sababni isaas, tooftaan muuxannoo barattootaan walqabsiisuu, bakka galumsaatti fayyadamuu, hiika bakka galumsaa jechootaa kennuu, hiika walitti dhufeenyaa tuutjechaa (hiika walfakkii, hiika faallaa tuutjechaafi kan kana fakkaatan mul'isuufi caasaalee jechaa xiinxaluun tooftaalee tuutjecha barsiisuu keessaa isaan tokko waan ta'aniifidha. Kanaaf, qorannoon kun yaadxinoota kanneen sadan bu'uureeffachuun geggeeffameera.

MALLEEN QORANNICHAA

Qorannoo kun saxaxa ibsaatti fayyadamuun geggeeffamee jira. Malli qorannoo kana geggeessuu keessatti dhimma itti ba'ame immoo mala qorannoo makaati.Sababni isaas malli kun hubannoo fooyya'aa, gadi fageenyaafi bal'ina qabu argamsiisuu danda'a jedhamee waan amanameefidha. Maddi ragaalee qorannoo kanaas madda ragaa tokkoffaadha. Kunis, kitaabota barattootaafi qajeelchawwan barsiistotaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 5-8tti jiranidha.

Manneen barnootaa sadarkaa 1^{ffaa} kutaa 5-8 kunneenis mala iddatteessuu kaayyeffataatti gargaaramuun filataman. Manni barnootaa sadarkaa 1^{ffaa}n kan filatameefis sadarkaan kun bakka itti barattoonni beekumsa bu'uuraa tuutjechaa itti horataniifi afaanichi bal'inaan afaan barnootaa ta'ee tajaajilaa jiru waan ta'eefidha. Manneen barnootaa filatamanis manneen barnootaa mootummaa bulchiinsa magaalaa Ambootti Awwaaroo, Liiban Maccaa, Addis Katamaafi Amboo sadarkaa 1^{ffaa} kutaa 5-8ti. Sababni manneen barnootaa kunneen filatamaniifis magaalli Amboo bakka hojii qoratichaa waan ta'eef manneen barnootaa kana itti siqeenyaan

hordofuun ragaa funaanuuf mijatoo waan ta'anifidha

Tooftaaleen funaansa ragaa qorannoo kanaas xiinxala dookimantiifi daawwannaa dareeti. Jalqaba, qoratichi qabxiilee mirkaneeffannaa (checklist) qopheeffachuun xiinxala dookimantiitti fayyadamuun QBAOfi KBAO kutaa 5-8 dubbisuun tooftaalee tuutjecha barsiisuu kitaabota kanneen keessatti hammataman adda baafateera. Akkasumas, qabxiilee mirkaneeffannaa daawwannaa daree qopheeffatetti gargaaramuun tokkoo tokkoo kutaalee 5-8 yeroo sadi sadii waliigala si'a kudha lama daawwachuun hojiirra oolmaa tooftaalee tuutjecha barsiisuu irratti ragaa funaannateera. Qoratichi guyyaa tuutjechi itti barsiifamu kana barsiistota kanneen dursee gaafachuun guyyicha deemee daawwachuun ragaa barbaadamu funaannateera.

Ragaaleen maddawwan adda addaa irraa karaa xiinxala dookimantiifi daawwannaa daree funaanaman kunneenis gaaffilee bu'uuraa irratti hundaa'uun qindeeffaman. Kana booda, ragaaleen xiinxala dookimantii irraa argaman bifa gabateen dhiyaachuun mala makaan xiinxalamaniiru. Itti aansuunis, tooftaaleen tuutjecha barsiisuu xiinxala dookimantiirraa argaman hammam hojiirra oolaa akka jiran adda baafachuuf ragaaleen daawwannaa dareen argaman bifa gabateen dhiyaachuun maluma makaan xiinxalamanii jiru.

Dhiyeessaafi Xiinxala Ragaalee

Gosoota Tooftaalee Tuutjecha Barsiisuu QBAOfi KBAO Kutaa 5-8

Ragaaleen xiinxala QBAOfi KBAO kutaa 5-8 irraa argaman haala armaan gadiin gabateen dhiyaachuun xiinxalamaniiru.

Gabatee 1: Gosoota Tooftaalee Tuutjecha Barsiisuu QBAOfi KBAO Kutaa 5- 8

Lak.	Gosoota Tooftaalee Tuutjecha Barsiisuu	kutaa 5		kutaa 6		kutaa 7		kutaa 8		Ida'ama	
		Lak	%	Lak	%	Lak	%	Lak	%	Lak	%
1.	Fayyadama jechaa (bakka galumsaatti gargaaramuu) barsiisuu	5	22	5	22	10	31	10	21	31	25
2.	Hiika hariiroo (hiika walitti dhufeenyaa) barsiisuu	9	39	4	17	10	31	28	58	46	37
3.	Hiika bakka galumsaa jechootaafi gaaleewwanii barsiisuu	9	39	14	61	12	38	10	21	48	38
Ida'ama		23	100	23	100	32	100	48	100	125	100

Gabateen 1 akka mul'isutti, tooftaaleen tuutjecha barsiisuu QBAOfi KBAO kutaa 5 keessatti hammataman: fayyadama jechaa (bakka galumsaatti gargaaramuu), hiika walitti dhufeenyaa (hiika walfakkii jechootaafi gaaleewwanii, hiika faallaa jechootaa) argisiisuufi hiika bakka galumsaa jechootaafi gaaleewwanii barsiisuudha. Tooftaalee tuutjecha barsiisuu kitaabota kanneen keessatti dhiyaatan 23 keessaa 18 (%78) hiika walitti dhufeenyaafi hiika bakka galumsaa jechootaa barsiisuu irratti xiyyeeffatu. Isaanis: boqonnaawwan 2, 6, 10, 12, 13, 14, 15, 16, 17, 18, 20, 22, 24fi 25 jalatti dhiyaatan. Tooftaalee kanneen keessa 5 (%22) immoo fayyadama jechaa (bakka galumsaatti gargaaramuu) barsiisuurratti fuulleffatu. Kunis boqonnaawwan 6,10, 14, 16fi 21 jalatti argamu. Ragaa kanarraa kan hubatamu, tooftaaleen tuutjecha barsiisuu kitaabota kanneen keessatti dhiyaatan gosaan murtaa'oofi baay'inaan hiika tuutjechaa barsiisuurratti xiyyeeffachuu isaaniiti. Rakkoon kun immoo sababa qaamonni kitaabota kanneen qopheessan tooftaalee tuutjecha barsiisuu adda addaarratti hubannoo dhabuurraa ka'uu mala.

Gama biroon gabateen 1 kan argisiisu, tooftaaleen tuutjecha barsiisuu QBAOfi KBAO kutaa 6 keessatti hammataman: fayyadama jechaa (bakka galumsaatti gargaaramuu), hiika bakka galumsaa jechootaafi gaaleewwaniifi hiika walitti dhufeenyaa (hiika walfakkii jechootaa) barsiisuudha. Tooftaalee tuutjecha barsiisuu kitaabota kanneen keessatti hammataman 23 keessaa 18 (%78) hiika walitti dhufeenyaafi hiika bakka galumsaa jechootaa barsiisuurratti fuulleffatu. Isaanis: boqonnaawwan 3, 6, 8, 9, 10, 11, 12, 15, 16, 17, 18, 21fi 24 jalatti dhiyaatan. Kanneen hafan 5 (%22) immoo fayyadama jechaa (bakka galumsaatti gargaaramuu) barsiisuurratti xiyyeeffatu.Kunis boqonnaawwan 2, 7, 10fi 13 jalatti argamu. Ragaa kanarraa kan hubatamu, tooftaaleen tuutjecha barsiisuu kitaabota kanneen keessatti dhiyaatan kunneen gosaan murtaa'oofi baay'inaan hiika tuutjechaa barsiisuurratti fuulleffachuu isaaniiti. Kun immoo sababa qaamonni kitaabota kanneen qopheessan tooftaalee tuutjecha barsiisuu garaa garaarratti hubannoo dhabuu madduu danda'a.

Itti dabalees, Gabateen 1 akka mul'isutti, tooftaaleen tuutjecha barsiisuu QBAOfi KBAO kutaa 7 keessatti hammataman: fayyadama jechaa (bakka galumsaatti gargaaramuu), hiika bakka galumsaa jechootaafi gaaleewwanii, hiika walitti dhufeenyaa (hiika walfakkii jechootaafi gaaleewwanii, hiika jechamootaafi hiika faallaa jechootaa) barsiisuudha. Tooftaalee tuutjecha barsiisuu kitaabota kanneen

keessatti dhiyaatan 32 keessaa 22 (%69) hiika walitti dhufeenyaafi hiika bakka galumsaa jechootaaa barsiisuurratti fuulleffatu. Kunis boqonnaawwan 1, 2, 3, 4, 5, 6, 8, 9, 11, 12, 13, 14, 15, 17, 18fi 19 jalatti dhiyaatan. Tooftaaleen hafan 10 (%31) immoo fayyadama jechaa (bakka galumsaatti gargaaramuu) barsiisuurratti xiyyeeffatu.Isaanis boqonnaawwan 1, 3, 5, 7, 11, 15fi 17 jalatti dhiyaatan. Ragaa kanarraa kan hubatamu, tooftaaleen tuutjecha barsiisuu kitaabota kanneen keessatti dhiyaatan kunneen gosaan murtaa'oofi irra guddaan isaanii hiika tuutjechaa barsiisuurratti xiyyeeffachuu isaaniiti. Kunis sababa qaamonni kitaabota kanneen qopheessan tooftaalee tuutjecha barsiisuu adda addaarratti hubannoo dhabanirraa ka'uu danda'a.

Kana malees, Gabateen 1 akka argisiisutti, tooftaaleen tuutjecha barsiisuu QBAOfi KBAO kutaa 8 keessatti hammataman: fayyadama jechaa (bakka galumsaatti gargaaramuu), hiika bakka galumsaa jechootaafi gaaleewwanii, hiika walitti dhufeenyaa (hiika walfakkii jechootaa, jechamootaafi gaaleewwaniifi hiika faallaa jechootaa) barsiisuudha. Tooftaalee tuutjecha barsiisuu kitaabota kanneen keessatti dhiyaatan 48 keessaa 38 (%79) hiika walitti dhufeenyaafi hiika bakka galumsaa jechootaaa barsiisuurratti fuulleffatu. Kunis boqonnaawwan 2, 3, 4, 5, 6, 7, 9, 10, 11, 12, 13, 14, 15, 17, 18, 19, 20, 21, 22fi 24 jalatti dhiyaatan, Tooftaalee kanneen keessaa 10 (%21) immoo fayyadama jechaa (bakka galumsaatti gargaaramuu) barsiisuurratti xiyyeeffatu. Isaanis boqonnaawwan 1, 6, 8, 12, 14, 15, 18, 19, 17fi 21 jalatti argamu. Ragaa kanarraa kan hubatamu, tooftaaleen tuutjecha barsiisuu kitaabotakanneen keessatti dhiyaatan kunneen gosaan murtaa'oofi garri caalaan isaanii hiika tuutjechaa barsiisuurratti hundaa'uu isaaniiti. Kun immoo qaamonni kitaabota kanneen qopheessan tooftaalee tuutjecha barsiisuu garaa garaarratti hubannoo dhabuurraa madduu mala.

Ragaalee xiinxala kitaabota kanneenirraa kan hubatamu, tooftaaleen tuutjecha barsiisuu QBAOfi KBAO kutaa 5-8 keessatti hammataman gosaan murtaa'oofi baay'inaan hiika tuutjechaa barsiisuurratti xiyyeeffachuu isaaniiti. Haata'u malee, tooftaaleen kunneen qofti beekumsa tuutjechaa barattoonni sadarkaa kanatti gonfachuu malan gonfachiisuu hindanda'an. Sababni isaas tooftaan tuutjecha barsiisuu tokko beekumsa tuutjechaa murtaa'aa ta'e qofa barattoota horachiisuuf waan gargaaruufidha. Akkasumas, tooftaan hiika tuutjechaa qofa barsiisuu yookiin akka barattoonni hiika jechootaa galmee jechootaarraa barbaadan taasisuun tooftaa aadeffamaadha.Kanaaf,

barnoonni tuutjechaa bakka galumsaatti fayyadamuu, muuxannoo barattootaan walqabsiisuufi irra deddeebiin dhiyaachuus ofkeesssatti hammachuu qaba (Nazir, 2017).

Yaada kana yaadxina hubannoo akka ibsutti, jechoota barsiisuun tooftaa muuxannoo barattootaan walqabsiisuu, bakka galumsaatti fayyadamuu, barattoonni jechoota barataniif hiika mataa ofii kennuufi itti gargaaramuu ofkeessatti qabata. Akkasumas, akka yaadxina xiinqooqa sammuutti, jechoota barsiisuun barattoonni hiika walfakkiifi faallaa jechootaa, unkaalee jechootaa xiinxaluufi kkf hubachuuf muuxannoo isaaniitti gargaaramuu ofkeessatti hammata. Kanaaf, ragaalee olitti dhiyaatanirraa kan hubatamu, tooftaaleen tuutjecha barsiisuu QBAOfi KBAO kutaa 5-8 keessatti hammataman murtaa'oofi baay'inaan hiika tuutjechaa barsiisuurratti kanneen xiyyeeffatan ta'uun isaa adda ba'eera. Kun immoo qaamonni kitaabota kanneen qopheessan tooftaalee tuutjecha barsiisuu garaa garaarratti hubannoo dhabuurraa madduu danda'a.

Waa'ee tooftaalee tuutjecha barsiisuu kana Atkins et al. (1996) akka ibsanitti, tuutjechi tooftaalee adda addaatti fayyadamuun barsiifamuu danda'a. Isaanis: bakka galumsaatti fayyadamuu, hiika jechoota beekamoon walqabsiisuu, hariiroo jechoonni qaban agarsiisuu, jechoota waliin deemaniifi adeemsa ijaarsa jechaan barsiisuufaadha. Tooftaalee tuutjecha barsiisuu kanneenis sadarkaafi dandeettii barattootaa irratti hundaa'uun walitti makuun itti fayyadamuun barbaachisaadha. Sababni isaas tooftaan tuutjecha barsiisuu murtaa'aan barattoota beekumsa tuutjechaa murtaa'aa qofa barsiisuuf tajaajila waan ta'eefidha.

Akkasumas, tuutjecha tooftaalee adda addaatti gargaaramuun barsiisuun qabxiilee tuutjecha barsiisuu keessatti hammatamuu malan akka hammataman taasisa. Qabxiilee kana Ur (1991) akka ibsetti, unka jechaa, seerluga jechaa, jechoota jechi sun waliin deemu, hiika jechaa, hiika hariiroo (hiika walitti dhufeenyaa)fi ijaarsa jechaati. Unki jechaa akkaataa jechi tokko itti qubeeffamuufi sagaleeffamu ibsa.Seerlugni jechaa immoo seera jechi sun ittiin to'atamu addeessa.Kanaaf, seerlugni jecha tokkoo yoo seera baramaarraa adda ta'e barsiifamuu qaba. Jechoonni waliin deeman jechoota jechi tokko waliin tajaajilu ilaala. Jechi tokko jechoota waliin tajaajilan waan qabuuf jechichi jechoota akkam akkamii waliin akka deemu barsiifamuun barbaachisaadha.Gama biroon hiikni jechaa hiika kallattii, hiika alkallattii/dhokataafi filatamummaa hiika

jechichaa eera.Hiikni hariiroo immoo hiika walfakkii, hiika faallaafi hiika yaadrimee waliigalaa (hyponyms) addeessa. Karaa biroon, ijaarsi jechaa jechi tokko qaamota maalirraa akka ijaarameefi akkamittis akka ijaaramuu danda'u ibsa. Ijaarsa jechaa keessaayyuu barattoota sadarkaa olaanoo barsiisuun gaariidha. Akkasumas, hiika dhamjechoota beekamoo barsiisuun akka barattoonni hiika jecha tokkoo dhamjecha murtaa'aa inni maxxanfateerraa tilmaaman taasisuun nidanda'ama.

Hojiirra Oolmaa Tooftaalee Tuutjecha Barsiisuu QBAOfi KBAO Kutaa 5-8

Tooftaaleen tuutjecha barsiisuu QBAOfi KBAO kutaa 5-8 keessatti hammataman hammam hojiirraa oolaa akka jiran adda baasuuf ragaaleen daawwannaa dareerraa argaman haala armaan gadiin gabateen dhiyaachuun xiinxalamaniiru.

Gabatee 2: Hojiirra Oolmaa Tooftaalee Tuutjecha Barsiisuu QBAOfi KBAO 5-8

Lak.	Tooftaalee tuutjecha barsiisuu dhimma itti ba'aman	Baay'ina Dhimma Itti Ba'amanii			
		Kutaa			
		5	6	7	8
1.	Fayyadama jechaa (bakka galumsaatti fayyadamuu barsiisuu)	-	2	1	1
2.	Hiika bakka galumsaa jechootaafi gaaleewwanii barsiisuu	2	1	3	3
3.	Walitti dhufeenya hiika jechootaa agarsiisuu barsiisuu				
4.	Hiika walfakkii barsiisu	-	2	-	1
5.	Hiika faallaa barsiisu.	-	-	-	-
6.	Hiika maatii kennuu barsiisuu	-	-	-	-

Gabatee 2 irraa kan hubatamu, tooftaa tuutjecha barsiisuu QBAOfi KBAO kutaa 5 keessatti dhiyaatan keessaa hiika bakka galumsaa jechootaafi gaaleewwanii barsiisuu qofatu yeroo lama dhimma itti ba'amee jira. Tooftaan kuniifi hojiirra oolmaan isaa daawwannaawwan daree sadii yeroo adda addaatti geggeeffamaniin hubatameera. Daawwannaawwan daree kanneen keessaa kan gaafa 16/6/2013 mana barnootaa Awwaaroo sadarkaa 1^{ffaa} kutaa 5H ganama wayitii 2^{ffaa}tti geggeeffame isa tokko ture. Barsiistuun jalqaba dubbisa boqonnaa 6 'Lagoota Keenyatti Fayyadamuu' jedhufuula 15 irratti argamu dubbisiisuun dura gaaffilee shaakala dubbisa duraa gilgaala 1 fuluma 15rra jiran irratti barattoonni akka mari'atan taasiste. Itti aansuunis, dubbisicha barattootaaf keeyyata keeyyataan qooduun akka isaan dabareen dhaabbatanii sagalee olkaasuun dubbisan goote.

Kana booda, jechaa haaraa dubbisicha keessatti dhiyaate **'**waxalamuu**'** jedhuuf hiika bakka galumsaa 'gubamuu' jedhu kennitee jirti. Haata'u malee, hiikni jecha kanaa akka dubbisichaatti 'gubamuu' osoo hintaane 'miidhamuu' yookiin 'rakkachuu' ta'a. Tooftaan tuutjechoota barsiisuu wayitii kanatti barsiistuun dhimma itti baate hiika bakka galumsaa barsiisuu ture. Garuu jecha dhiyaateef hiikni bakka galumsaa sirrii ta'e hinkennamneef. Kanaaf, barsiistuun kun tooftaa tuutjecha barsiisuu kana hojiirra oolchuurra hinoolchine.

Daawwannaan daree biroon gaafa 16/6/2013 manuma barnootaa Awwaaroo sadarkaa 1^{ffaa} kutaa 5D ganama wayitii 3^{ffaa}tti geggeeffameera. Barsiistuun dursa gaaffilee shaakala dubbisa duraa boqonnaa 6 'Lagoota Keenyatti Fayyadamuu' jedhu olitti dhiyaate osoo hinhojjechiisiin kallattiidhaan barattoonni dabaree dabareen dhaabbatanii sagalee isaanii olkaasuun akka dubbisan gootee jirti. Yeroo kanatti jechoota dubbisicha keessatti dhiyaatan kan barattootatti haaraa ta'uu danda'an filachuun hiikni itti kenname hinturre. Kanaaf, tooftaan tuutjecha barsiisuu wayitii kanatti hojiirra oole hinturre.

Gama biroon, daawwannaan daree gaafa 17/6/2013 mana barnootaa Addis Katamaa Amboo sadarkaa 1^{ffaa} kutaa 5K waaree booda wayitii 4^{ffaa}tti taasifamee jira. Jalqaba barsiistuun dubbisa boqonnaa 10 fuula 28 irra jiru 'Qulqullina Mana Baadiyyaa Eeguu' jedhu kan armaan gaditti dhiyaate osoo hindubbisiisiin gaaffilee shaakala dubbisa duraa gilgaala 1 fuula 28 irratti

dhiyaaterraatti cimdii cimdiin akka irratti mari'atan taasisteetti.

Qulqullina Mana Baadiyyaa Eeguu

Namoonni baadiyyaa qulqullinaafi miidhagina mana isaanii sirriitti eeggatu. Manicha keessaafi ala isaa yeroo yerootti haxaawu. Lafa manaa immoo yeroo yerootti faltiidhaan lolla'u; bishaan itti firfirsanii walqixxeessu. Kana malees, manicha dhaaba manaatiin gargar qoodanii golaafi **diinqa** addaan baasanii bareechanii ijaarratu. Mooraa yookiin golee beeladoonni keessa bulanis naannoo manaatti ijaaru.Haala kanaan maatii, meeshaafi horii addaan baasanii bakka jireenyaa mijeeffatu.

Mana haala kanaan qabame keessatti warriifi ijoolleen diinqa rafu.Diinqa kana keessas meeshlee barbaachisoo ta'an ija namaarraa maqsanii kaa'u. Gola isaanii keessa immoo meeshaalee nyaata itti bilcheessaniifi itti nyaatan kaawwatu. Mi'oonni kunis okkotee, eelee, gaanii, jabanaa, xuwweefi kan kana fakkaatan fa'a. Goorroofi dadaa (keenyan) manaa jalatti madabii hojjetanii irra taa'u;yoo fedhan irra rafu.

Manni sirriitti qabamee akka qulqullaa'u beeylada isaanii kan akka sa'aa, qotiyyoo, re'ee, hoolaa, fardeeniifi k.k.f. mooraa keessa yookiin **golgee** manaatti bakka isaan bulan foonaa, gooruufi gorannoo qopheessuuf. Hojiin kun bakka namni bulu, bakka meeshaan taa'u, bakka nyaanni itti qophaa'uufi bakka beeyladoonni bulan addaan baasanii mana tajaajila adda addaatiif oolchuu dandeessisa; qulqullinni manaas akka eegamu ni gargaara.

Itti aansuun, barattoonni dubbisa kana callisaan dubbisaa jechoota haaraa ta'an yaadannoo isaanii irratti akka qabatan ajajjee jirti. Barsiistuun erga barattoonni dubbisicha raawwatanii booda, jechoota isaan qabatan kanneen gaafachuun akka armaan gaditti gabatee gurraacharratti barreessitee ibsiteetti.

1. diinqa=bakka nyaata itti qopheessan
2. golgee= cufaa/bakka beeyiladoonni keessa bulan
3. gooruu=bakka bultii re'ootaafi hoolotaa
4. dadaa= keenyaa
5. foonaa = bakka bultii beeyiladootaa
6. goorroo = duuba manaa

Tooftaan tuutjecha barsiisuu wayitii kanatti dhimma itti ba'ame hiika bakka galumsaa barsiisuu ture.Haata'u malee, hiikawwan bakka galumsaa jechoota kanneeniif kennaman baay'een rakkoo qabu. Fakkeenyaaf, akka galumsa dubbisichaatti hiikni jecha 'diinqa' jedhuu 'bakka nyaata

itti qopheessan' osoo hintaane 'bakka ciisichaa', 'dadaa'n 'keenyaa' osoo hintaane 'keenyan', 'goorroo'n 'duuba mana' osoo hintaane 'qaama kutaalee keessa manaa adda baasu', 'golgee'n cufaa yookiin bakka beeyiladoonni keessa bulan osoo hintaane 'mana jala' jechuudha. Kun immoo jechoota dhiyaatan 6 keessaa 4 (%67) hiikni bakka galumsaa dogoggorri kennamuu mul'isa. Kanaaf, ragaa daawwannaa daree kanarraa bariistonni Afaan Oromoo kutaa 5 daawwataman hundi tooftaa tuutjecha barsiisuu hojiirra akka hinoolchine adda ba'eera.

Gabatee 2 olitti dhiyaaterraa kan hubatamu inni biroon, tooftaalee tuutjecha barsiisuu QBAOfi KBAO kutaa 6 keessatti dhiyaatan keessaa bakka galumsaatti fayyadamuu yeroo lama, hiika bakka galumsaa jechootaafi gaaleewwanii barsiisuu yeroo tokkoofi hiika walfakkii tuutjechaa barsiisuu yeroo lama dhimma itti ba'amaniiru. Tooftaaleen kunniiniifi hojiirra oolmaan isaanii daawwannaawwan daree sadii yeroo adda addaatti geggeeffamaniin hubatamaniiru. Daawwannaawwan kanneen keessaa kan gaafa 13/6/2013 mana barnootaa Liiban Maccaa sadarkaa 1^{ffaa} kutaa 6C ganama wayitii 2^{ffaa}tti geggeeffame isa tokko ture. Barsiistuun jalqaba tuutjecha hiika walfakkiin walitti firoomsuu dubbisa boqonnaa 10 'Eebba' jedhu jalatti galgaala 5 fuula 31 irratti dhiyaate haala armaan gadiin hojjechiistee jirti.

1. ija babaase = rifate
2. bultii godhate = abbaa warraa ta'e
3. jilba dhungate = kabaje, galata kenne
4. jalaan loosee = hulluqsee
5. jalaa miliqxee = harkaa mucucaattee

Barsiistuun itti aansuun tuutjecha armaan gaditti dhiyaatan keessaa filachuun bakka duwwaa guutuu gilgaala 6 fuula 31 irra jiru akka hojjetan taasisteetti.

1. seeqaa 2. hawwu
3. hiriyaa 4. qimmiidu
5. afeeree 6. aaruu

Dhumarrattis, jechoota kennamaniin hima ijaaruu gilgaala 7 fuula 31 irra jiru gabatee gurracharratti barreessuun barattootaaf fakkeenya kennitee haala fakkeenyichaan akka hojjetan isaan ajajjee jirti.

1. gadde 2. seeqe
3. loose 4. miliqe

Fakkeenyaaf, Tolaan haati isaa duunaan baay'ee gadde.

Tooftaaleen tuutjecha barsiisuu wayitii kanatti dhimma itti ba'aman hiika walfakkii jechootaafi gaaleewwanii kennuufi bakka

galumsaatti fayyadamuu barsiisuu turan.Barsiistuun kunis tooftaalee kanneenitti sirriitti itti fayyadamuun barsiisaa turteetti.

Daawwannaan daree biroon gaafa 13/6/2013 mana barnootaa Liiban Maccaa sadarkaa 1^{ffaa} kutaa 6G ganama wayitii 3^{ffaa}tti geggeeffameera. Barsiistuun jalqaba jechoota dubbisa boqonnaa 9 armaan gaditti dhiyaate keessaa ba'an kanneen gilgaala 4 fuula 27 irra jiraniif hiika bakka galumsaa kennitee jirti.

Faayidaa Saayinsiifi Teeknoloojii

Akka seenaan guddina hawaasummaa ibsutti, dhalli namaa ija mukaa funaanee nyaachaa ture.**Irraa jalaan** sammuun bilchaatee, qaamaan jabaatee akka adeemetti meeshaalee hojiif oolanitti fayyadamuu jalqabe.Yeroodhaan boodas ofii isaatii meeshaalee adda addaa oomishuu jalqabe. Adeemsi hojii kunis babal'atee dhalli namaa jireenya isaa fooyyessuuf kan isa dandeessisan saayinsiifi teeknoloojiitti fayyadamuu jalqabe.

Namoonni adda addaa **yeroodhaa yerootti** qorannaa godhaniin saayinsiin babal'ate. Meeshaaleen adda addaa akka oomishaman, rakkoolee jireenyaa kan akka dhukkubaa irratti qorannaan akka geggeeffamuufi ragaan akka argamu ta'ee jira. Kana malees, faayidaan qorannaa saayinsii dadhabbii hojii dhala namaa salphisee jira.

Sadarkaa guddinaa dhalli namaa irra jiru yoo ilaalle, namoonni yeroo gabaabaa keessatti biyya alaa irraas ta'e biyya keessaa odeeffannoo argachuu yookiin dabarsuu danda'aniiru.Yeroo gabaabaa keessatti qaamaanis walarguu danda'aniiru. Kunis kan ta'uu danda'eef bu'aan qorannoo saayinsii teeknoloojii waan babal'iseef. Teeknooloojiin babal'ate kun immoo karaa dheeraa gabaabsee odeeffannoo tamsaasee, dadhabbii jiruu ilmaan namaa salphisee jira. Haata'u malee, bu'aan saayinsiifi teeknooloojiitti garmalee fayyadamuun miidhaas qaba.

Akkuma mammaaksi "Waa tolee waa bade, gaariin mudaa hindhabu," jedhutti saayinsiifi teeknooloojiin gartokkoon miidhaa qaqqabsiisuu danda'u. Fakkeenyaaf, warshaalee gurguddoo meeshaalee adda addaa oomishan keessaa aarri bahu qilleensa faala. Aarri qilleensa faalu kun immoo keemikaalaafi sibiila gosa hedduu amala **asiidii** qabu ofkeessaa qaba.

Qilleensi aara keemikaalaafi asiidiidhaan faalamu miidhaa adda addaa fiduu danda'a.Namoonni qilleensa faalame ofitti

fudhatan, dhukkuba sombaatiin qabamuu danda'u.Kana malees, qilleensi asiidii qabu, qilleensa naannootti makamee rooba asiidii qabu roobuu danda'a. Roobni kunis waan **summii** qabuuf, jireenya lubbu qabeeyyii xixiqqaafi gurguddaa **dararuu** danda'a.

1. gar-malee = akka malee
2. irraa jala = gubbaa gadi
3. yeroodhaa yerootti = ammaa ammatti
4. faalamee = xuraayee
5. summii = qoricha
6. dararuu = doorsisuu/rakkisuu

Tooftaan tuutjecha barsiisuu wayitii kanatti dhimma itti ba'ame hiika bakka galumsaa barsiisuu ture. Haata'u malee, hiikawwan bakka galumsaa jechoota dhiyaataniif kennaman baay'een rakkoo qabu. Fakkeenyaaf, hiikni jecha 'irraa jala' jedhuu 'gubbaa gadi' osoo hintaane, 'suuta suuta', 'yeroodhaa yerootti' kan jedhu 'ammaa ammatti' osoo hintaane 'baraa baratti', 'faalame' kan jedhu 'xuraaye' osoo hintaane 'summaa'e, 'summii'n 'qoricha' osoo hin taane 'asiidii', akkasumas, 'dararuu'n 'doorsisuu' osoo hintaane 'hacuucuu', 'rakkisuu', 'miidhuu' kan jedhaman ta'uu qabu turan. Kun immoo jechoota barnootaaf dhiyaatan 6 keessaa 5 (%83) ta'aniif hiikawwan bakka galumsaa dogoggoraa kennamuufii mul'isa. Kanaaf, barsiistuun kun tooftaa hiika bakka galumsaa tuutjechaa barsiisuu kana hojiirra kan hinoolchine ta'uu isheeti.

Itti dabalees, daawwannaan daree biroon gaafa 17/6/2013 mana barnootaa Addis Katamaa sadarkaa 1^{ffaa} kutaa 6M waaree booda wayitii 5^{ffaa}tti taasifamee jira. Barsiistuun tuutjecha hiikaan walitti firoomsuu gilgaala 5 fuula 31 irra jiru, tuutjecha kennaman keessaa filachuun bakka duwwaa guutuu gilgaala 6 fuula 31 irratti dhiyaate, akkasumas, tuutjecha kennamaniin hima ijaaruu gilgaala 7 fuula 31 irra jiru kanneen dubbisa boqonnaa 10 'Eebba' jedhu jalatti dhiyaatan hojjechiistee jirti. Tooftaaleen tuutjecha barsiisuu wayitii kanatti dhimma itti ba'amanis: hiika walfakkii jechootaafi gaaleewwanii kennuufi bakka galumsaatti fayyadamuu barsiisuu turan. Barsiistuun kunis tooftaalee kanneenitti sirriitti itti fayyadamuun barsiisaa turtetti.Gabaabummatti, akka ragaan daawwannaa daree kutaa 6 mul'isutti, barsiistota daawwataman 3 keessaa 1(%33) tooftaalee tuutjecha barsiisuu hojiirra oolchuurra hinoolchine. Kanaaf, ragaa kanarraa barsiistota Afaan Oromoo kutaa 6 harki caalaan isaanii tooftaalee hiika walfakkii jechootaafi gaaleewwanii kennuufi bakka galumsaatti

fayyadamuu barsiisuu hojiirra kan oolchan ta'uun adda ba'eera.

Itti dabalees, Gabatee 2 olitti dhiyaaterraa kan hubatamu, tooftaalee tuutjecha barsiisuu QBAOfi KBAO kutaa 7 keessatti dhiyaatan keessaa bakka galumsaatti fayyadamuu yeroo tokkoofi hiika bakka galumsaa jechootaafi gaaleewwanii barsiisuun yeroo sadii dhimma itti ba'amanii jiru. Tooftaaleen kunniiniifi hojiirra oolmaan isaanii daawwannaawwan daree yeroo garaa garaa sadii geggeeffamaniin hubatamaniiru. Kanneen keessaa kan gaafa 15/6/2013 mana barnootaa Liiban Maccaa sadarkaa 1^{ffaa} kutaa 7A ganama wayitii 3^{ffaa}tti taasifame isa tokko ture. Barsiistuun jalqaba dubbisa boqonnaa 5 fuula 20-21 irra jiru kan armaan gaditti dhiyaate osoo hindubbisiisiin kallatumaan tuutjecha gilgaala 4 fuula 22 irra jiran gartokkoof hiika bakka galumsaa kennuun hima ittiin ijaartee kanneen hafan immoo barattoonni akka hojjetaniif hojii manaa kennitee jirti.

Eedsii

Yeroo ammaa addunyaa keenya irratti dhukkubni fala hinarganne dhukkuba Eedsiiti. Kun immoo rakkina hawaasaafi dinagdee qaqqabsiisuu isaa irrayyuu, lubbuu namoota hedduu balleessuun uummanni addunyaa hamileen isaa akka cabu waan godhuuf, ilmaan namaa jireenyaaf akka abdii dhaban taasisaa jira.

Dhukkubni akka abidda **saafaa** saffisaan tamsa'aa jiru kun daangaatiin osoo hinmurteeffamiin addunyaa guutummaan guutuutti waliin ga'uu irratti argama. Namoonni dhukkuba kanaan hubaman baay'een isaanii kan argaman biyyoota guddinaan boodatti hafan keesatti. Biyyi keenyas isaan keessaa tokko waan taateef balaa dhukkubni Eedsii geessisu irraa hafuu hindandeenye.

Gara Oromiyaatti yommuu deebinu immoo taa'umsi lafa ishii Eedsiif **daran** saaxila ba'aadha. Sababiin kanaas magaalonni guguddaan Oromiyaa keessatti argaman karaa guguddaa biyya kana keessatti argamaniin waan **qaxxamuramaniif**, warshaalee hedduun waan keessatti argamaniif, handhuura daldalaa waan taateef namoonni bakka adda addaatti socho'an dhibee kanaan qabamuu danda'u jechuudha.

Akkuma sab-quunnamtii adda addaatiin himamutti karaa dhukkubni Eedsii ittiin daddarbu keessaa inni guddaan walquunnamtii qaama saalaatiin (gudeeddiin). Kun immoo dhibee hamaa kana ofirraa ittisuuf yaalii godhamu

keessatti rakkoon isaa irra caalaatti akka walxaxu taasiseera. Keessumaa immoo, namoonni umrii isaanii waggaa 20-39 ta'e sababii dhukkuba kanaan caalaatti waan miidhamniif, hawaasa keessatti humna oomishaaf qophaa'e dhabuun badinsa guddaadha. Kana irraa kan ka'e rakkoowwan adda addaa hawaasicha mudachuu ni danda'u. Kanneen keessaa daa'imman warra malee hafuu, diigamuu maatii, humna namaa dandeettii hojii qabu dhabuu, hayyoota yookiin beektota dhabuu, kufaatii dinagdeefi k.k.f. akka fakkeenyaatti ka'uu danda'u.

Eedsiin dhukkuba yeroo malee nama **galaafatu**. Hanga ammaattis talaallis ta'e qoricha waan hinarganneef, yeroo ammaa kana namni karaa dhukkubichi itti darbu irratti hubannoo qabu cimsachuudhaan yaadaafi amala durii jijjiirrachuu qaba.Haala kanaanis Eedsii irraa ofiisaatiifi firasaa eeguu danda'a.

Balaan Eedsii kun karaa adda addaa nama argachuu danda'a. Inni guddaan karaa walquunnamtii qaama saalaa (gudeeddii) ta'ullee, haaduu namni tokko itti fayyadametti fayyadamuu, lilmoo namni tokko ittiin waraanametetti fayyadamuun, dhiiga sirriitti qoratamee qulqullummaan isaa hinhubatamne fudhachuu, huuba qoonqoo yommuu kutan, yommuu ijoollee dhaqna qaban, yommuu irga tumataniifi karaa kana fafakkaataniin darbuu ni danda'a.

Kanaafuu, uummanni balaa Eedsii kana irraa akka baraaramuuf dammaqinaan kaka'ee inni barate isa hinbaranne hubachiisee, inni beeku isa hinbeekne barsiisee, dhukkuba galaafataa kana irraa ofeeguu qaba.

1. qaxxaamura = karaa gabaabaa Fkn. Tolaan daandii qaxxaamura.
2. galaafata = ajjeesa yookiin miidha. Fkn. Dhukkubni Eedsii nama hedduu galaafata.
3. daran = caalaatti Fkn. Tolasaan midhaan facaafatee daran galfate.
4. saafaa = waaree booda Fkn. Dhukkubni Eedsii akka abidda saafaa nama fixaa jira.

Tooftaaleen tuutjecha barsiisuu wayitii kanatti dhimma itti ba'aman hiika bakka galumsaafi bakka galumsaatti fayyadamuun barsiisuu turan. Haata'u malee, hiikawwan bakka galumsaa tuutjecha armaan olitti dhiyaateef kennaman baay'een rakkoo qabu. Fakkeenyaaf, hiikni jecha 'qaxxaamura' jedhuu akka dubbisichaatti 'karaa gabaabaa' osoo hintaane 'keessa darba', 'daran' caalaatti osoo hintaane 'baay'ee yookiin hedduu' 'saafaa'n 'waaree booda' qofa osoo hintaane 'waaree booda yeroo aduun

baay'ee gubdu'ta'a. Kunis tuutjecha dhiyaate 4 keessaa 3 (%75) ta'aniif hiikni bakka galumsaa kenname dogoggora ture. Kun immoo tuutjecha barnootaaf dhiyaate baay'eef hiikni dogoggoraa kennamuu mul'isa. Akkasumas, fakkeenyi hima ijaaruu gaaffii 1ffaa irratti kennames hiika barsiistuun jechichaaf kenniteeniyyuu walhinsimu. Kanaaf, barsiistuun kun tooftaalee tuutjecha barsiisuu kanneen hojiirra oolchuurra hinoolchine.

Daawwannaan daree biroon gaafa 18/6/2013 mana barnootaa Awwaaroo sadarkaa 1ffaa kutaa 7C ganama wayitii 2ffaatti taasifameera. Barsiisaan jalqaba dubbisa boqonnaa 4 'Bishaan Ga'aa Dhuguu' jedhu fuula 15 irra jiru barattoonni dabaree dabareen dhaabbatanii sagalee olkaasuun akka dubbisan taasiseera. Yeroo kana barsiisichi tuutjecha barattootaitti haaraa ta'uu danda'u akka gaafataniif yoo carraa isaaniif kennes, namni tokkoyyuu hingaafanne. Barsiisichi jecha inni filatee hiika itti kenne hinturre.

Kana booda, barsiisaan tuutjecha hiika bakka galumsaan walitti firoomsuu gilgaala 4 fuula 17 irratti dhiyaate haala gadiin hojjechiisee jira.

1. bultii = guyyaa 2. qajeellotti= sirriitti
3. soorata = nyaata
4. gumaachuu = gargaaruu
5. mirkanaa'e = dhugoome
6. dheebuu= fedhii bishaanii

Tooftaan jechoota barsiisuu wayitii kanatti dhimma itti ba'ame hiika bakka galumsaa barsiisuu ture.Barsiisaan kunis tooftaa kanatti sirriitti gargaaramuun barsiiseera.

Daawwannaan daree biraan gaafa 17/6/2013 mana barnootaa Addis Katamaa Amboo sadarkaa 1ffaa kutaa 7A waaree booda wayitii 4ffaatti geggeeffamee jira. Barsiistuun jalqaba gaaffilee shaakala dubbisa duraa boqonnaa 6 'Arbillee Nagaa Walgaafata' jedhu irratti dhiyaate hojjechiiftee jirti. Itt aansuunis, dubbisicha keeyyata keeyyataan qooduun barattoonni dabaree dabareen dhaabbatanii sagalee olkaasuun akka dubbisan taasistee. Yeroo kana barsiistuun jecha haaraa 'kumbii' jedhu barattoota gaaffattee ofii ishee hiika 'kan arbi akka harkaatti itti fayyadamu' kennitee jirti. Kannaf, tooftaan tuutjecha barsiisuu wayitii kanatti dhimma itti ba'ame hiika bakka galumsaa barsiisuu ture. Haata'u malee, hiikni jecha kanaaf kenname quubsaa miti. Sababni isaas kumbiin kan arbi akka harkaatti itti fayyadamu qofa osoo hintaane qaama arbaan afaan isaa irraa gadi dheeratuufi dachacha'uu danda'u ta'ee kan

akka harkaatti isa tajaajiludha. Ragaa kanarraa kan hubatamu, barsiistuun kun tooftaa kana amma tokko hojiirra oolchuuf yoo yaaltellee, sirriitti hojiirra kan hinoolchine ta'uu isheeti.

Gabaabumatti, ragaa xiinxala daawwannaawwan daree kutaa 7 armaan olitti dhiyaaterraa kan hubatamu, barsiistota daawwataman 3 keessaa 2 (%67) tooftaalee tuutjecha barsiisuu hojiirra oolchuurratti hanqina kan qaban ta'uu isaaniiti. Kanaaf, ragaa kanarraa barsiistonni harka caalaan tooftaaleen tuutjecha barsiisuu QBAOfi KBAO kutaa 7 hojiirra kan hinoolle ta'uu adda ba'eera.

Gabatee 2 armaan olitti dhiyaaterraa kan hubatamu inni biroon, tooftaalee tuutjecha barsiisuu QBAOfi KBAO kutaa 8 keessatti dhiyaatan keessaa bakka galumsaatti fayyadamuun yeroo tokko, hiika bakka galumsaa jechootaafi gaaleewwanii barsiisuun yeroo sadiifi hiika walfakkii tuutjechaa barsiisuun yeroo tokko dhimma itti ba'amanii jiru. Tooftaaleen kunniiniifi hojiirra oolmaan isaanii daawwannaawwan daree sadii yeroo adda addaatti geggeeffamaniin hubatamaniiru.

Daawwannaawwan kanneen keessaa kan gaafa 19/6/2013 mana barnootaa Awwaaroo sadarkaa 1^{ffaa} kutaa 8E ganama wayitii 2^{ffaa}tti geggeeffame isa tokko ture. Barsiistuun jalqaba jechootaafi gaaleewwan hiika walfakkiin walitti firoomsuu gilgaala 3 fuula 18 irratti dhiyaatan haala armaan gadiin hojjechiisteetti.

1.irraa maddu =bu'aa ta'u, burquu
2. siqanii = kala'anii
3. fiixaan ba'uu = manii ga'uu
4. walhubachuu = waliigaluu
5. ofgeeddaruu = ofjijjiiruu

Tooftaan tuutjecha barsiisuu wayitii kanatti dhimma itti ba'ame hiika walfakkii jechootaafi gaaleewwanii barsiisuu ture. Barsiistuunis tooftaa kanatti sirriitti itti gargaaramuun barsiisaa turteetti. Itti aansuun, barsiistuun dubbisa boqonnaa 5 'Karoora maatii' jedhufuula 21 irra jiru barattuun tokko dhaabbattee sagalee ishee olkaasuun akka dubbistu taasisteetti.

Yeroo kana barsiistuun jecha barattootatti haaraa ta'uu danda'a jettee yaadde 'abbalti' kan jedhu gabatee gurraacharratti barreessuun hiika 'yaaddi' jedhu kennitee jirti. Tooftaan tuutjecha barsiisuu wayitii kanatti dhimma itti ba'ame hiika bakka galumsaa barsiisuu ture. Barsiistuun kunis tooftaa kanatti sirriitti itti fayyadamuun barsiistee jirti.

Daawwannaan daree biroon gaafa 18/6/2013 mana barnootaa Liiban Maccaa sadarkaa 1ffaa kutaa 8C ganama wayitii 5ffaatti taasifameera. Barsiistuun jalqaba dubbisa boqonnaa 6 fuula 27-28 irra jiru kan armaan gaditti dhiyaate ofii ishee sagalee olkaasuun dubbistee jirti.

Kitaaba: Malkaa Obaa

Kitaabni malkaa irreessaati; malkaa ciisa yaa'a yaada namaati. Burqituu yaada namaatu **muummee** muuxannootii ol burqee bilchina sammuu gabbatee, onnee dhisee, **manii** dhoosee, **madda** maddisiisee **mirgisiisee** malkaa ta'ee ciisa. Burqituutu walcoree yaa'ee walharee **malkaa obaa** ta'a. Malkaan obaa bakka ciisaa bishaanii horiin irraa dhugduuti.Kitaabnis kuufama beekumsaafi muuxannoo kan sammuun irraa sooratuuti.

Barreessaan quphansuuma tokkotti qalamaan waraqaa koobee takkaan irraa hinka'u. Yookiinis immoo, amma daakee amma laaqee eelee irratti hindhoobu. Amma shooquufi amma mooquun caariggii (beenii) tolchuuf. Kana malees, yaadni barreeffamu tokko muuxannoo umrii ofii keessaa, jiruufi jireenya irraa kan horan ta'uu ni mala. Yookiin immoo gadaa darbe abjoochuudhaan, akka hoodduu yookiin qaalluu kan egeree manaabaan qaqqabuudhaan, galmeeffamee kuufama. Sanumatu hurrii ta'ee ol aaree duumessa ta'ee ijaaree samii gadi aguugee shora (tiifuu) ta'ee dhaha rooba. Bokkaa ta'ee yandisa.Garba ta'ees yaa'ee ciisa.

Namni kitaaba barreessu quunnama isaa guyyaa guyyaatti dura galmeessee kuusa, ragaalee adda addaanis isa kuuse tumsa. Haqa irratti hindaa'ee yookiin immoo ni ta'e jechuudhaan funyoo manaaba isaa asiifi achi yaasa. Takka guduunfeetu takka immoo hiika.Takka ijaareetu takka immoo diiga.Haaluma kanaan egaa barreessaan, xiyyeeffannaa barreeffama isaa erga adda baafatee, quunnama isaa galmeessee kuusee ragaaleedhaan tumsa jechuudha.Booda immoo, yaada isaa tartiibaan gumeeffatee abjuu isaa mirkaneessuuf qophaa'a. Ciniinsifachaa guyyaa da'umsa isaa eega. Gaafa yeroon geesse, ija foonii osoo hinta'iin ija sammuu isaatu banama.Akka ayyaanaa irraa waa hima.Dalagaa isaa itti fufuu jalqaba.Inni duraawoo quunnama galmeessuufi kuusuudha.Manaaba diriirsuu, muuxannoo gabbisuufi yaada isaa gumeessuudha. Amma immoo ni barreessa. Soofeetu walqixxeessa, boceetu mimmiidhaksa. Maqaa boca isaa kan duratti moggaase yoona ifa baasa.

Walitti qabaatti, akkasumaan ka'ee coreen malkaa hinta'u. Shoratu yandisee, burqituun bubbisee galaana ta'ee ciisa.Dheebotaan dhugee dheebuu ba'a.Xuraa'aan itti qulqullaa'a. Kara deemaan **ededa** isaa irra boqota. Kan qofaa ta'e itti baqata.Kan laafe ittiin jabaata.Kan abdii kutate itti ofdheessa. Kan milkaa'e immoo ni galateessa. Barreessaan malkaa isaatti irreeffata, maddatti dhibaafata.Kitaabni malkaa irreessaati.

Itti aansuun, jechoota barattootatti haaraa ta'uu danda'u jettee yaadde kanneen armaan gadii gabatee gurraacha irratti barreessuun hiika bakka galumsaa isaanii kenniteetti.

1. malkaa obaa = bishaan beeyladoonni dhugan
2. dhisee = bal'isuu
3. manii = bakka ga'uu
4. mirgisee = sirriitti yaasuu
5. quphansa = ofirra taa'uu
6. manaabaan = yaadaan
7. yandoo = rooba cimaa
8. coruu = cimmisuu
9. ededa = daandii

Garuu, hiikni bakka galumsaa jechoota kanneeniif kennaman tokko tokko rakkoo qabu. Fakkeenyaaf, jechi 'manii' jedhu 'galma ga'uu' osoo hintaane 'bakka itti galaa' yoo ta'u, 'ededni' immoo' daandii' osoo hintaane 'luugoo' yookiin 'qarqara' lagaati.

Itti fufuun, barsiistuun jechoota hiika bakka galumsaan walitti firoomsuu gilgaala 2A fuula 28 irratti dhiyaatan hojjechiistee jirti. Kana booda, hiika bakka galumsaa jechootaafi gaaleewwanii kennuu gilgaala 2Bfi jechoota kennamaniin bakka duwwaa guutuu gilgaala 3 fuula 29 irra jiran, akkasumas, garaagarummaa jechoonni gilgaala 4 fuula 29 irratti dhiyaatan qaban akka hojjetan taasisteetti. Tooftaaleen tuutjecha barsiisuu wayitii kanatti dhimma itti ba'aman bakka galumsaatti gargaaramuufi hiika bakka galumsaa barsiisuu turan. Haata'u malee, barsiistuun kun tooftaa hiika bakka galumsaa barsiisuu hojiirra oolchuurratti hanqina qabdi turte.

Kana malees, daawwannaan daree gaafa 30/6/2013 mana barnootaa Amboo sadarkaa1^{ffaa} kutaa 8C waaree booda wayitii 4^{ffaa}tti geggeeffameera. Barsiistuun jalqaba tuutjecha hiikaan walitti firoomsuu gilgaala 2A fuula 28 irratti dhiyaate osoo hinhojjechiisiin hiika bakka galumsaa tuutjecha kanaa haala armaan gadiin ibsitee jirti.

1. malkaa = bishaan diriiraa ciisaa
2. burqituu= bishaan lafa keessaa burqitu,

3. muummee = kan walitti gurmaa'an, walta'uu madda/ ka'umsa waan tokkoo
4. gabbate = fooyya'e
5. dhisee = diriirsuu, bal'isuu
6. manii = iddoo ga'uu, fiixa ga'uu
7. madda = ka'umsa
8. Mirgisee = tolee, miidhagee
9. Walcoree = funaanuu
10. Walhare = walsassaabe

Itti aansuunis, barsiistuun tuutjecha kana hiika bakka galumsaan walitti firoomsisteetti. Kana booda, tuutjechaaf hiika bakka gumsaa kennuu gilgaala 2B fuula 29 irra jiru lakkoofsa 1fi 2 haala armaan gadiin hojjechuun kana hafe barattootaaf hojii manaa kennitee jirti.

1. dhoobuu = maxxansuu
2. dheebotaa = barbaaduu

Tooftaaleen tuutjecha barsiisuu yeroo kanatti dhimma itti ba'aman hiika bakka galumsaa tuutjechaa barsiisuu ture.Haata'u malee, hiikawwan bakka galumsaa tuutjecha kanaaf kennaman gartokko rakkoo qabu. Fakkeenyaaf, hiikni bakka galumsaa jecha 'manii' jedhuu 'iddoo ga'uu' yookiin 'fiixa ga'uu' osoo hintaane 'bakka itti galaa', 'muummee'n 'kan walitti gurmaa'an yookiin walta'uu' osoo hintaane, 'lafa tabba lama gidduu jiru' yookiin 'hallayyaa keessa', 'maddi' 'ka'umsa' osoo hintaane 'burqaa', 'mirgisee'n 'tole' yookiin 'miidhage' osoo hintaane, 'akka gaariitti kennee' kanneen jedhaman ta'uu qabu turan. Akkasumas, barsiistuun sababa jalqaba ibsa dogoggoraa jecha 'muummee' jedhuuf kenniterraa kan ka'es, jechichaaf hiika 'walqabee', 'walitti gurmaa'ee'fi 'lafa tabba lama gidduu jiru' yookiin 'hallayyaa keessa' jedhaman kennitee jirti. Itti dabalees, hiikni jecha 'dhoobuu' jedhuu akka galumsa dubbisichaatti 'maxxansuu' osoo hintaane 'tolchuu', 'dheebotaa'n 'barbaaduu' osoo hintaane 'nama fedhii bishaanii qabu' ta'a ture. Kun immoo jechoota 12 dhiyaatan keessaa 6 (%50) ta'aniif hiikni dogoggoraa kennamuu mul'isa. Ragaan kun barsiistuun tooftaalee hiika bakka galumsaa tuutjechaa barsiisuu jedhu hojiirra oolchuurratti hanqina kan qabdu ta'uu mul'isa. Kanaaf, ragaalee olitti dhiyaatanirraa, barsiistota Afaan Oromoo kutaa 8 barsiisan 3 daawwataman keessaa 2 (67%) tooftaalee tuutjecha barsiisuu hojiirra kan hinoolchine ta'uu adda ba'eera.

Walumaagalatti, xiinxala ragaalee armaan olitti dhiyaaterraa, barsiistota Afaan Oromoo kutaa 5-8 barsiisan 12 iddatteeffamuun daawwataman keessaa 8 (%67) tooftaalee tuutjechoota barsiisuu hojiirra akka hinoolchine bira ga'ameera. Dhimmi kunimmoo akka yaadxina aadaa hawaasaatti rakkoo cimaa qaba. Sababni isaas akka

yaadxina kanaatti, tuutjechi walitti dhufeenya barattoonni barsiisaafi hiriyoota dhimmicharratti beekumsa qaban waliin taasisaniin baratama.Garuu barsiistonni beekumsa tuutjechaa ga'aa ta'e hinqaban taanaan barattoonni qaama guddaa beekumsa kana irraa argatan hinqaban jechuudha.

ARGANNOO

Argannoowwan qorannoo kanaa keessaa tokko tooftaaleen tuutjecha barsiisuu QBAOfi KBAO kutaa 5-8 keessatti hammataman: fayyadama jechaa (bakka galumsaatti gargaaramuu), hiika bakka galumsaa jechootaafi gaaleewwaniifi hiika hariiroo (hiika walfakkii jechootaafi gaaleewwanii, hiika faallaa jechootaafi hiika jechamootaa) barsiisuu qofa ta'uun adda ba'eera. Kun immoo tooftaaleen tuutjecha barsiisuu kitaabota kanneen keessatti dhiyaatan gosaan murtaa'oo ta'uu argisiisa.Itti dabalees, tooftaaleen tuutjecha barsiisuu QBAOfi KBAO kutaa 5-8 keessatti dhiyaatan kunneen harki caalaan isaanii hiika bakka galumsaafi hiika hariiroo jechootaafi gaaleewwanii barsiisuurratti fuulleffatu. Fakkeenyaaf, tooftaalee tuutjecha barsiisuu QBAOfi KBAO kutaa 5 keessaa 18 (%78), kutaa 6 keessaa 18 (%78), kutaa 7 keessaa 22 (%69) fi kutaa 8 keessaa immoo 38 (%79) hiika bakka galumsaafi hiika hariiroo jechootaafi gaaleewwanii barsiisuurratti xiyyeefatu. Akkasumas, barsiistota Afaan Oromoo kutaa 5-8 barsiisan 12 iddatteeffamuun daawwataman keessaa 8 (%67) tooftaalee tuutjecha barsiisuu kitaabota kanneen keessatti hammataman hojiirra oolchaa akka hinjirre adda ba'eera. Kun immoo barsiistonni kunneen harki caalaan isaanii tooftaalee kanneen hojiirra oolchaa akka hinjirre argisiisa.

GOOLABA

Tooftaaleen tuutjecha barsiisuu maloota tuutjecha barsiisuuf oolanidha.Tooftaaleen kunneenis gosoota garaa garaatu jiru. Isaanis: tooftaa ilaaluu, dhaggeeffachuufi dubbachuuti. Tooftaan ilaaluu wantoota ijaan mul'atan kanneen akka wantoota qabatamoo, fakkiiiwwan, suuraawwan, sochiilee qaamaa, wantoota gochaan agarsiifaman, diyaagiraamii, maappiifi kan kana fakkaatan gargaaramuun tuutjecha barsiisuudha. Tooftaan dhaggeeffachuu immoo sagalee wantootaa, bineeyladotaafi kan kana fakkaatan dhaggeeffachiisuun tuutjecha barsiisuudha. Gama biroon tooftaan dubbachuu tuutjecha dubbiin ibsamu barsiisuuf kan ooludha. Tooftaan dubbachuu kunis yeroo baay'ee tuutjecha

barsiisuu keessatti dhimma itti ba'ama.Kunis hiika kallattiifi alkallattii jechootaa, hiika faallaa jechootaa, adeemsa ijaarsa jechaa, garee jechootaa, bakka galumsaatti fayyadamuu, jechoota waliin deeman, kkf barsiisuudha.Tokkoon tokkoo tooftaalee kanaas beekumsa tuutjechaa murtaa'aa ta'e qofa barsiisuuf oolu. Kanaaf, beekumsa tuutjechaa adda addaa barattoota horachiisuuf tooftaalee tuutjecha barsiisuu garaa garaa kanneen kitaabota barnoota afaanii keessatti hammachiisuun murteessaadha. Garuu tuutjecha barsiisuuf tooftaalee kanneen kitaabota afaanii keessatti hammachiisuu qofti ga'aa miti. Dabalataan hojiirra oolmaan tooftaalee kanneenis hordofamuu qaba. Kun immoo qorannoo irratti geggeessuu barbaada.Bu'uuruma kanaan, dhimmi tooftaalee tuutjecha barsiisuu QBAOfi KBAO kutaa 5-8 qoratamee tooftaaleen kitaabota kanneen keessatti hammataman gosaan murtaa'oofi barsiistota baay'een hojiirra oolchaa akk hinjirre adda ba'eera. Dhimmi kun immoo tuutjecha barsiisuu keessatti dhiibbaa guddaa waan qabuuf irratti hojjetamuun murteessaadha.

YABOO

Tooftaaleen tuutjecha barsiisuu QBAOfi KBAO kutaa 5-8 keessatti hammatamaniifi hojiirra oolmaan isaanii rakkoo akka qabu qorannoo kanaan ibsameera. Innis tooftaalee tuutjecha barsiisuu QBAOfi KBAO kutaa 5-8 keessatti dhiyaatan gosaan murtaa'oofi barsiistota afaanichaa baay'een hojiirra oolaa hinjiran.Kanaaf, rakkoo kana furuuf qaamni kallattiin isa ilaallatu irratti hojjechuun murteessaa ta'a.Kunis rakkoo gosa murtaa'aatti fayyadamuu furuuf qaamni sirna barnootaa Afaan Oromoo qopheessu kitaabota afaanichaa gara fuulduraatti qophaa'an keessatti tooftaalee tuutjecha barsiisuu garaa garaa hammachiisuuf qopheessitoota kitaabota kanneeniif leenjii hubannoo isaanii cimsu kennuun barbaachisaadha.Rakkoo hojiirra oolmaa tooftaalee kanaa furuuf immoo manneen barnootaa barsiistota afaanichaa rakkinicha qaban adda baasuun ogeeyyii dhimma kanarratti hubannoo qaban waliin ta'uun barsiistota kanneeniif leenjii dandeettii isaanii cimsu kennuun mrteessaa ta'a.

WABIILEE

Addunyaa Barkeessaa (2013). *Sanyii: Jechaafi caasaa isaa. Oromiyaa*, Finfinnee: Key Line Printing & Advertising Work PLC.

Akar, N. (2010). *Teaching Vocabulary: Bridging the gap between theory and practice*. Eylul: Ankara.

Alfaki, H.I. (2015). Vocabulary input in English language teaching:Assessing the vocabulary load in spine five. *International journal of English language and linguistics research*, Vol.3,No.1, pp.1-14.

Atkins, J. et al. (1996). *Skills development methodology part 2*. Addis Ababa: Addis Ababa University printing press.

Daniel Legesse (2006). *English for university and college students*. Mega Distributing PLC.

Fromkin, V et al (2011). *An Introduction to language* (9th ed.). United States of America: Michael Rosenberg.

Gómez, G.E.R. (2009). The Role of Morphological Awareness in Bilingual Children's First and Second Language Vocabulary and Reading (Unpublished PhD Thesis). University of Toronto, Toronto.

Grygel, J.A. (Ed) (1994). *The world book of Word power* 1. USA: World book, Inc.

Harmer, J. (1991). *The practice of English language teaching* (New ed.). New York: Longman Group UK Limited.

Harmer, J. (2007). *How to Teach English*, (2nd ed.). England: Pearson Education Limited.

Hornby, A.S. & Crowther, J. (1995). *Oxford Advanced Learner's Dictionary of Current English*. Oxford: Oxford University Press (Sd)) - libgen.li.

McCarthy, M. & O'Dell, F. (2008). *Academic vocabulary in use with answers*. Cambridge: Cambridge University Press) - libgen.lc.

Moody, S. et al (2018). Vocabulary Instruction: A Critical Analysis of Theories, Research, and Practice. *Educ. Sci.* *8*(4), 180.

Nunan, D. (1991). *Language teaching methodology*: *A Textbook for teachers*. New York: Prentice-Hall.

Nunan, D. (2003). *Vocabulary: practical English language teaching*. Hong Kong: McGraw-Hill Education (Asia) Co.

Pan, Q. & Xu, R. (2011). Vocabulary Teaching in English Language Teaching. *Theory And Practice In Language Studies*, vol. 1, No 11, pp 1586-1589.

Richards, J. C., & Renandya, W.A. (2002). *Methodology in language teaching: An Anthology of current practice*. Cambridge: Cambridge university.

Sadeghi, M, et al. (2011). Teaching Vocabulary through Word Formation Strategies among Iranian Intermediate EFL Students. International Conference on Languages, Literature

and Linguistics IPEDR, 26. Singapore: IACSIT Press.

Scarino, A., & Liddicoat, A. J. (2009). *Teaching and learning languages: A Guide*. Australia: GEON Impact Printing Pty Ltd.

Warta, I. K. (2017). Linguistics and EFL Teaching: *Exploring Linguistic Theory Behind Vocabulary Teaching*, Vol. 14, No. 10, pp.577-583, doi:10.17265/1539-8072/2017.10.001

Yopp, H. K. et al. (2009). *Vocabulary instruction for academic success.*USA: Shell Education